



BARNOOTA

OG-AARTII

kitaaba Barataa

Kutaa 6



Boqonnaa 4

4. DANDEETTII BEEKUMSA BARNOOTA AARTII GOCHAA FI AGAREE BIYYA KEESSAA DINQISIIFACHUU

Xumura boqonnaa kanaa booda:-

- ✳ Biyya Itoophiyaa keessatti dandeettii beekumsa barnoota aartii gochaa fi agaree biyya keessaattii ogummaa muuziqaa, tiyaateraatii fi fakkii dinqisiifatta.
- ✳ Itoophiyaa keessatti namoota dandeettii ogummaa muuziqaa, tiyaateraatii fi fakkiin beekaman ni addeessita.
- ✳ Muuziqaa garaagaraa dhaggeeffachuun yeedaloo isaa dinqisiifatta.
- ✳ Dandeettii hojii ogummaa mozaayikii ni addeessita.
- ✳ Meeshaalee adda addaatti fayyadamanii dandeettii moodeelii bobbocaa hojjechuu ni gabbifatta.

Seensa

Namoota dandeettii beekumsa barnoota aartii gochaa fi agaree biyya keessaatti dinqisiifataman keessaa muraasni kan akka Onesmooos Nasib (Abbaa gammachiis), Dr Kabajaa Aartisti Alii Birraa, Looret Dr Aartist Lammaa Guyyaa fi Aartist Admaasuu Biraanuu fa'aa akka fakkeenyaatti dinqisiifachuu ni dandeenya. Isaanis ogummaa garaa garaa keessatti dinqisiifatamu.

Akkaataa armaan gadiitti seenaa fi ogummaa isaanii irratti hundaa'uun bal'inaan akkaataa armaan gadiitti dhiyaataniiru. Walumaa galatti boqonnaa kana keessatti mata duree waa'ee dandeettii beekumsa barnoota aartii gochaa fi agaree biyya keessaa dinqisiifachuu kan jedhu jira. Boqonnaa kana keessaatti mata duree qabiyyee bobbocaa fi ogummaa mozaayikiitu jira.

Dursa beekumsi muuziqaa biyya keenya keessatti kan jalqabe yeroo Maahileti qulqqulluu yaareedii gochaa tureen gi'iizii, izilii, fi araaraya yeedaloowwan akka ture dha. Yeedaloo isaanis faaruudhaaf hangafa kan ta'an hidhaa kudhan mallattoolee nootaawwanii fayyadamu. Asuma irraa ka'uun baroota dheeraaf itti fufuun tooftaalee yeedaloo qooqa amma irra jiru itti fufuun tajaajila amantaa kan jalqaban suuta suutaan bocaa fi bifa muuziqaatti jijjiiruuni.

Hawaasni naannoo jiraatutti aadaa mataa isaa yeedaloota muuziqaaleen shubbisa kalakuu eegaluun kan amma jiruuf bu'uura ta'eera. Namoota dandeettii beekumsa barnoota aartii gochaa fi agaree biyya keessatti dinqisiifataman keessaa muraasni kan akka Onesmooos nasib (Abbaa gammachiis), Looret Aartisti Dr Kabajaa Alii Birraa, Looret Dr Aartist Lammaa Guyyaa, Nama baay'ee kabajamaa fi jaalatamaa Addunyaa Looret Meetir Aartist Afawarqii Takilee fi Aartist Admaasuu Biraanuu fa'aa akka fakkeenyaatti dinqisiifachuu ni dandeenya. Akkasumas Ogummaan bobbocaa fi Mozaayikii ni dinqisiifatamu.

1.1BOBBOCA

Xumura mata duree kanaa booda:-

- ✳ Mala hojii riliifii fi peeppar maashee hubachuudhaan ittiin hojjechuu ni agarsiista.
- ✳ Ogummaa hojii bobbocaa fi harkaa walitti qindeessuun wantoota bu'aa qabeessa ta'an ni hojjetta.
- ✳ Meeshaalee adda addaatiin fayyadamuun dandeettii moodeelii bobbocaa hojjechuu ni shaakalta

Ogummaan bobbocaa akkuma ogummaa fakkii seenaa jaarraa hedduu kan lakkoofsise dha. Jalqaba irratti ogummaan bobbocaa itti amanuuf kan hojjetame ture. Fknf Giriikonni durii waantoota baay'eetti ni amanu ture.

Kanneen keessaas “zeus” akka waaqaatti kan itti amanamu ture. Kana waan ta'eef waaqonni Giriikotaa baay'ee akka turan seenaa irraa hubachuun ni danda'ama. Fknf waaqa aduu, waaqa jaalalaa, waaqa galaanaa, waaqa miidhaginaa fi kkf Giriikonni durii kan itti waaqeffataa turani dha.

Afriikaanonni hojiiwwaan bobbocaa kan amantaa irratti hundaa'an hojjechaa turaniiru. Hojiiwwan isaanii immoo akaakilee fi abaabilee isaanirratti hundaa'uun kan hojjetamedha. Yeroo ammaa bobbocni kaayyoo fi ilaalcha durii irraa walaba ta'ee kan hojjetamu dha.

Fknf :- yaadannoo namoota beekamoo ta'aniif siidaan ni dhaabbata. Isaanis namoota moototaaf, goototaaf, beektotaaf, gochaa seenaa qabeessa ta'ee fi badii uummata irra ga'eef siidaawwan adda addaa ni dhaabbata.

Malli gagaa dammaa akka moolditti ittiin fayyadamu har'as faayidaa irra oolaa jira. Ogeeyyiin faayota sookoo (ziqaa), meetii, sibiila diimaa, fi kkf tolchuuf gagaa ni fayyadamu. Pilaastikii fi wantoota biroos dhimma bobboca xixxiqqaa hojjechuuf ni oolu. Mooldiin meeshaa bocni tokko yeroo tokkoof ykn yeroo baay'eef ittiin hojjetamu dha.

Fknf: bocni tokko sirriitti hojjetamee erga xumuramee booda jeessoon bukaa'ee itti naqameetu uwwifama (haguugama). Kunis yabbina barbaachisuun walirratti daddabalamee bocicha keessatti argamu irratti qooruun kan jabaatu dha. Jeessoo qooruun jabaatee kana haala barbaadamuun qooduudhaan muranii boca duraan hojjetame irraa baasuun ni danda'ama. Jeessoon amma mooldii ta'uun qoqqoodamee bocicha irraa ba'e, keessa isaa hamma barbaachisu qulqulleessuun walitti deebisanii hidhuun ni danda'ama.

Mooldii keessi isaa duwwaa ta'e kanatti ashawaa fi simintoo walitti makuun itti guutuun ni danda'ama. Kunis mooldicha keessatti erga jabaatee booda haala qoodameen mooldicha irraa baasu. Ashawaa fi simintoon walitti makamuun jabaatee mooldiin irraa ba'e, boca jalqabatti hojjetame bakka bu'uunkan argamu ta'a jechuudha. Mooldichi waan itti naqamu ciniinuun akka hin balleessine, keessa isaa dungoo bishaaniifi gaazii adii wajjin danfuun baqee qabbanaa'e itti dibuun ni barbaachisa.

Boca bocuun itti amanuun akkasumas akka barreeffama seenaatti itti fayyadamuun akka jiraachaa ture ni beekama. Fknf: Hindii diimtoonni Ameerikaa kaabaa fi kibbaa keessa jiraatan haala kanaan bobbocatti fayyadamaniiru. Biyya itoophiyaa keessatti akkaataa hojii fi kaayyootiin adda adda haa ta'an malee bobbocni hojjetaman jiru. Fknf: siidaan Aksuum, siidaawwan magaalota tokko tokkotti argaman dabalatee siidaawwan finfinnee keessa jiru yaadachuun ni danda'ama.

Bobbocni malaa fi meeshaalee adda addaatiin hojjetamee akka yaadannootti bakka filameef irratti dhaabamu siidaa jedhama. Bobbocni biro immoo mooraa, qe'ee, naannoo ykn waltajjii tokko bareechuuf ni hojjetamu. Bobbocni sibiilaan hojjetaman keessi isaanii duwwaa dha. Sababni isaas tokko sibiila qusachuu, lammaffaa immoo ulfaatina bobbocaa hir'isuuf kan gargaaru dha.



Fakkii 1:- Siidaa Abiishee Garbaa

Hangi bobboca hojjetamuu akka fedhiitti adda adda kan ta'e dha. Bobbocni nama tokko hanga nama sanaatiin hojjetamuu ni danda'a. Yoo barbaadamee baay'ee guddaa ykn xiqqaa ta'uu ni danda'a. Bobbocni nama tokkoo kan qomaa olii qofti ni hojjetama. Waanti cimina hin qabne akka laayyootti baduu danda'u hojii bobbocaatiif kan filatamu miti.

Suphee diimaanis ta'ee gurraachi dhimma bobboca hojjechuuf ni oolu. Duraan dursee qulqullaa'uun faaratti bishaaniin sukkumamee qophaa'uu qaba. Erga qophaa'ees bobboca adda addaa hojjechuuf kan oolu ta'uu qaba. Supheen qophaa'ee fi bobbocni hojjetamaa jiru akka hin gogne huccuu jiidhaa itti huwwisuudhaaf pilaastikii haphii itti haguugun ni barbaachisa.

Supheen qophaa'ee garmalee laafuun ykn jabaachuun irra hin jiru. Suphee haala kanaan hojiirra oole walitti deebisuun, akkasumas jiidha isaa eeguun yeroo dheeraaf itti fayyadamuun ni danda'ama. Mooldii qophaa'een boca akaakuu garaa garaa tolchuun ni danda'ama. Kanaaf kan barbaachisu duraan dursa bocni waan tokkoo sirriitti hojjetamee xumuramuu qaba.

Kana irraa mooldiin sirrii ta'e ba'a. Mooldii sirrii ta'e irraas bocni boca duraanii fakkaatu hojjetamee ba'a. Waraqaa bukaa'ee qophaa'ee keessa mooldichaatti wal qixxeessuudhaan hojeechuun ni danda'ama. Kunis waraqichi bukaa'ee boca mooldichaa keessa jiru sirriitti akka qabaatu godha. waraqichi erga xinnoo qooree cimee booda mooldicha keessaa baasuu dhaan bakka sirriitti goggoguu danda'u kaa'u dha. Dhuma irratti wal qixxeessuu dhaan miidhaksanii itti fayyadamuun ni danda'ama.

Kanaaf boca hojjetamu duraan dursuun hubattanii hojjechuun barbaachisaa dha. Bocni hojjetamu karaa hundaanuu kan mul'atu ta'uu ni danda'a. Yookiin gartokkeen qofa hojjetamee kan fuula waan biraatti qabachiifamu ykn maxxanfamu ta'uu ni danda'a.

Bocni akkanaa kun riliifii jedhama. Bocni kun akka roga lama qofa qabuutti beekama. Kanaafis meeshaalee hojii kanaaf oolan filachuun barbaachisaa dha.

☞ Fuula meeshaalee filataman kana gartokkoon dibata ykn zayitii dibuu.

☞ Waraqaa mummuruudhaan haphée ykn mooqa dibaa gara meeshaa hojiif qophaa'eetti qabachiisuu.

☞ Gocha kana amma waraqaan fuula meeshichaatti qabachiifamu yabbina barbaachisu argattutti irrumatti waraqaa daddabaluun qabachiisuu dha.

☞ Waraqaan haphée dibamuun fuula meeshichaatti qabachiifame erga qooruun jabaatee booda meeshicha irraa kaasuu.

☞ Hojichi sirriitti kan hojjetame taanaan bocaan meeshicha kan fakkaatu ta'a. Hojiin mala kanaan hojjetamu peeppar maashee jedhama.

Shaakala 1

Hojii kana dhawata dhawataan ykn suuta suutaan hojjechaa, hubannaa fi muuxannoo hojii akkasumas dandeettii gabbifachuun ni barbaachisa. Adeemsa hojii kanaa keessatti meeshaalee adda addaa kan haala kanaan irratti hojjetaman irraa hubannaa guddaa ni arganna. Kanaaf fakkiiwwan armaan gadii hubachuudhaan hojii bobbocaa shaakalaa.



Fakkii 2:- Hojii mozaayikii

Hojii peeppar maasheef meeshaaleen barbaachisan:-

- ▣ Zayitii (dibata, saamunaa, vaazliinii):- fuula meeshaa irratti hojjetamuu dibuuf oolan.
- ▣ Vaarniishii peeppar maasheen hojjetamuun bareedee bishaaniin (jiidhaan) akka hin badne kan itti dibamu.
- ▣ Meeshaa bocni isaa kan gartokkoo hojii peeppar meeshaaf ta'u.
- ▣ Waraqaa haphii kan faayidaa biraatiif hin oolle, kan walirratti qabachiifamuu dandanda'u
- ▣ Waanta qara waraqaan ittiin muramu (haaduu, qaxxaanura).
- ▣ Haphee (kollaa, mooqa) ittiin qabachiisuu fi fuula hojichaa ittiin wal qixxeessuuf.
- ▣ Waraqaa ashawaa ykn cirracha fuula peeppar maashee hojjetamuun sirriitti goggoge ittiin wal qixxeessuuf kan fayyadu.
- ▣ Halluu bifa adda addaa fi dibduu hojii hojjetame kan ittiin miidhagsan.

Gilgaala 4.1


1. Meeshaalee peeppar maashee armaan olitti fayyadamuun bobboca Shiinii, Waancaa, Burcuqqoo Kubbaayyaa hojjedhuu daree keetiif dhiyeessi.
2. Meeshaalee hojii bobbocaaf oolan tarreessi.

4.2 Hojii Ogummaa Mozaayikii

Xumura mata duree kanaa booda:-

- ✧ Ogummaan mozaayikii wantoota naannootti argamaniin akka hojjetamuu danda'u ni hubatta.
- ✧ Wantoota hojii ogummaa mozaayikii hojjechuuf oolan ni tarreessita.
- ✧ Hojii ogummaa mozaayikii akka salphaatti hojjechuun ni dandeessa.
- ✧ Dandeettii hojii mozaayikii irra caalaa gabbifachuun hojiiwwan qabatamoo ta'an hojiettee ni agarsiista.

Ogummaan mozaayikii erga jalqabamee jaarraa hedduu lakkoofsiseera. Faayidaan ogummaa kanaa waa'ee amantaa kiristaanaa calaqqisiisuuf akka ta'e beekamaa dha. Fakkii kanaa gadii kan hojii mozaayikii guddaa ta'e irra gartokkeen fudhatame irraa hubachuun ni danda'ama.



Fakkii 3:- Mozaayikii dhagaa xixxiqqaa irraa hojjetame

Ogummaan kun wantoota naannootti argamaniin hojjetamuu ni danda'a. Fkn cirracha, saddeeqa, dhagaa jajjabaa, ija mukaa fi midhaan, caccabaa qaruuraan, dooqaan, callee fi kkf happeen waan cimaa ta'e irratti qabachiisuun fakkiin waan tokkoo ni hojjetama. Kunis duraan dursanii waan irratti qabachiisan waraqaa yabbuu (kaartoonii, muka balbalaa, keenyan manaa fi kkf) irratti waan hojjetamuuf yaadame wixinuun barbaachisaa dha.

Hojiin hojjetamus wixinee qophaa'e irratti hundaa'uu dhaan ta'uun isaa qalbeeffatamuu qaba. Hojiin mozaayikii wantoota adda addaa naannoo dhaa funaananii waan tokko irratti yeroo qabachiisan tokko tokkoon yemmuu qabachiifamu walakkaatti bakki duwwaan hafuu qaba.

Waanta tokko ogummaa mozaayikiitiin hojjechuuf meeshaaleen keessaa ba'uu qaba.

barbaachisan:-

- ▣ Cirracha bifa adda addaa qabu kan uumamaan jiru.
- ▣ Cirracha mala hojii namaatiin qophaa'e.
- ▣ Ashawaa
- ▣ Simmintoo
- ▣ Sibiila ykn shiboo yabbuu fi dheerina adda addaa qabu.
- ▣ Gingilchaa kan ittiin ashawaa gingilchan
- ▣ Waan sibiila ykn shiboo maruuf oolu.
- ▣ Faldhaana (kan ashawaa fi simintoo ittiin walitti makan).
- ▣ Wixinee wanta hojjetamuu.
- ▣ Bakka diriiraa (wixinicha irratti diriirsuuf).
- ▣ Muka irraa jalaa fi akkasuma bitaaf mirga hanga wixinee qophaa'e dgaangessuuf afurtu Barbaachisa.
- ▣ Bakka (waanna ashawaa fi simintoon irratti walitti makamu).
- ▣ Waanta harkatti keewwatan.
- ▣ Saamunaan harka ittiin dhiqatan.



Fakkii 4:- Hojii mozaayikii gosa adda addaa lafa irratti

Shaakala 4.2

1. Wantootaa naannoo keenyatti argamuun hojii mozaayikii hojjechuuf oolan tarreessi.
2. Meeshaalee hojii mozaayikii hojjechuuf oolan itti fayyadamuun fakkii armaan gadii hojjedhu.



Fakkii 5 Hojii mozaayii

Kolaajiin

Kolaajii jechuun maal jechuu dhaa?

Kolaajiin meeshaaleen sassalphaan haala fakkii ykn ergaa dabarsuu danda'uun walitti qindaa'uun gosa ogummaa fakkii guutuu ta'e tokko adeemsa ittiin uumaniidha.

Jechi Kolaajii jedhu kan dhufe jechaa Afaan Faraansaayii “Kolelar” jedhu irraa kan dhufe yeroo ta'uu hiikkaan isaas “Maxxansuu” jechuudha. Yeroo baay'ee adeemsa hojii fakkiiwwan adda addaa walitti qindeessuun fakkii guutuu ta'e tokko ittiin uumamuudha. Meeshaaleen hojii kanaaf barbaachisan ciccitaa galalchota adda addaa, beeksisa maxxansaaf oolan, suurawwan adda addaa, huccuuwwan, marga ykn baala biqilootaa, rifeensa, wantoota irratti maxxanfaman kan akka chiipuudii ykn muka haphii bal'aa, kaartoonii fi dhangala'oo ittiin maxxansuuf gargaaranii fi k.k.f. ni danda'ama.

Ogeessonni hojii kana fakkii tokko qofaan hojjechuu yoo barbaadan boordii ykn gabatee fakkii kanneen akka sharaa, kaanvaasii fi k.k.f. fayyadamuun hojjechuun ni danda'ama.

Gosoonni kolaajii footoo uumuu, Huccuu fi (Dikoopiiyii) dabalatee dameewwan hojii hedduu of-keessaa qabu. Tokkoon tokkoon isaanii garaagarummaa boca bu'uura mataa isaanii qabu. Tekinooloojiin ammayyaa akkasumas Soft-weerii kompiitaraa fi Piroogiraamii gulaalaa footoon hojiin kolaajii hojjetaman ogummaan kolaajii akka dabalu taasiiseera.

Meeshaalee hojii kolaajiif barbaachisan

- ¥ Galaalcha
- ¥ Waraqaa adii
- ¥ Waraqaa ifaarsaa
- ¥ Halluu (marker)
- ¥ Qaxxaamura
- ¥ kollaa

Duraa duuba kolaajiin fakkii
adurree hojjechuu

Galaalcha irraa qaama adurree kutanii baasuun barbaachisaadha.

Mataa - galaalcha irraa geengooguddaa kutanii baasuu

Qaama- Qaama tokko boca U walakkaa dhaa kutuun baasuu.

Gurraa- Rog-sadee gidduu galeessa lamaqopheessuu

Rifeensa afaan irraa - Waan qaqqal'oo afur qopheessuu ija, funyaani fi gateetti waraqaa adii irraa kan hojjetame ta'a.

Ija - geengoo lama galaalcha irraa muranii baasuu

Funyaan - Funyaan rog sadeexixiqqoo

Halluu-halluu tokko giddu galeessa rog arfee xiqqoo dibuun fakkii

adurree hojjechuuf qaama ishee boca U waraqaa ijaarsaa irratti maxxansuu.

Mataa ishee hojjechuuf geengoo guddaa gara qaama morma kaa'uu Mataa ishee irra gurra muramuun qophaa'e kaa'uu

Halluu jaalattan ija ishee irratti dibuu fi kanaan booda geengoo guddaa irratti maxxansaa.

Akka sirriitti mul'ataniif halluu gurraacha keessatti dibuun agarsiisuu, halluu funyaan ishee mul'isuu danda'u fayyadamuun akka mul'atu gochuu fi booda irra gara oliitti wal qabsiisuu. Halluu gurraacha fayyadamuun afaan ishee akka mul'atu gochuu.

Areeda -Areeda kan fakkaatu lamaan isaa gar tokkoon, lama immoo gar-tokkoon funyaan ishee irratti maxxansuu.

Morma akka barbaadanitti bareechuu fi kanaan booda gara mataa fi qaama giduu wal qabsiisaa.



Fakkii 6:- hojii kolaajii

Hojiiwwan kolaajii fi mozaayikii akka waan hojii tokko ta'aniitti ni yaadama.

Kanaafuu garaagarummaa jiran hubachuun barbaachisaadha.

Haalli hojiin kolaajii fi mozaayikii ittiin wal fakkaatan fi garaagarummaan isaanii haala armaan gadii ta'a.

Wal fakkeenya mozaayikii fi kolaajii

- ☞ Wixinee mata duree hojjetamuu,
- ☞ Wantoota qabachiifamuuf oolan
- ☞ Wantoota ittiin qabachiisuuf oolan.
- ☞ Bakka ykn fuula waan itti qabachiifamanii.
- ☞ Meeshaalee ittiin hojjechuuf gargaaran.

Garaagarummaa mozaayikii fi kolaajii:-

- ☞ Seenaa jaarraa dheeraa qabu,
- ☞ Dura hojii amantaatiif oolan,
- ☞ Wantoonni qabachiifaman cimoo fi gurguddaa dha
- ☞ Hojiin hojjetrame ciminaa fi umrii dheeraa kan qabu dha.
- ☞ Bakka qophaa'ee fi alatti idduma argame kan kaa'amu miti.
- ☞ Bakka kaa'ame irraa gara biraatti geessuuf malaa fi humna guddaa barbaada.
- ☞ Dhimma mana keessatiifis ta'ee kan manaan alaatiif oola.

Kolaajii fi hojiin kolaajii:-

- ☞ Seenaan isaa waggootii bara 1990 keessa kan dhiyeenyatti argaman irraa jalqabe.
- ☞ Dhimma amantaa ala ta'eef ooluu isaatu hubatama.
- ☞ Wantoonni qabachiifamanii fi ittiin qabachiifaman akkasumas kan itti qabachiifaman salphaadha.
- ☞ Bakka barbaadamu kaa'amuu fi bakkaa bakkatti geeffamuu ni danda'a.
- ☞ Dhimma mana keessaatiif ni oola.

Namoota Artii Gochaa Fi Agareen Beekaman

Gochaaleen aartii gochaa fi agaree dinqisiifachuu biyya tokko keessatti nageenya hawaasaa kan eegu, seenaan kan ittii dubbatamu, ogummaa kan itti baratan, beekumsa kan itti argatan fi kan dhalootaa dhalootatti kan ittiin daddabarsan dha. Akkasumas, gammachuu kan waliin hirmaatan fi waliin jiraachuuf bu’uura kan ta’e furtuu rakkinaa ti.

Wantoonni bu’uuraa akka kanaa kan bara durii (kan dhaloota irraa dhalootatti darbaa dhufe) daddabarsuuf baroota garaagaraa fi dhaloota gidduu kan jiru garaagarummaa yeroo fi beekumsa itti dhiyeessuuf riqicha ta’ee arganna. Kanneen keessaa baay’een isaanii dhimmoota armaan gaditti caqafaman keessatti kan itti fayyadamudha. Isaanis:-

- ☞ Gootummaa isaa ittiin calaqqisiisuuf
- ☞ Hawwii fi fedhii qabu ittiin mul’isuuf
- ☞ Gadda isaa ittiin ibsuuf
- ☞ Gammachuu itti dhaga’ame ittiin mul’isuuf
- ☞ Jaalachuu biyya ofii akkasumas maatii, lammii isaa ittiin ibsuuf
- ☞ Amantii isaa ittiin gaggeessuuf
- ☞ Qabeenya uumamaa ittii calaqqisiisuuf
- ☞ Barnoota adda addaa ittiin dabarsuuf
- ☞ Misoomaaf ittiin of dammaqsuu fi haamilee hojii ittiin cimsachuuf kkf ni argamu.

Gochaalee yeedaloo (sirbaa)

Yeedaloo (muuziqaawwan) kan taphataman karaa hawwaasa tajaajiluu danda’uun bakka jiranittii akka itti tajaajilaman ture. Akka yeroo ammaa miidiyaan hawaasaa osoo hin babal’atiin muuziqaa afuuraa mana amantaatti, muuziqaa biyya lafaa ykn aadaa hawwaasni bakka walitti qabamanitti akkasumas, mana namoota dhuunfattis raawachaa ture.

Irra caalattis muuziqaa biyyaa lafaa ykn aadaa kan kanaan dura hojjetamanii fi hanga ammaatti bara dheeraaf kan turan, kan amma jiranii fi muuziqaa aadaaf ammayyaa tajaajilaa akka jiru qooqa muuziqaa biyyaaf bu'uura kan ta'e yeedaloowwan kanneen akka yaadannoo fi Anchooyyee fa'aadha

Gochaa agareewwanii

¥ Gocha hawwaasa giddu galeessa godhatee hundaa'edha

¥ Sirbi shubbisaan waalteffame

¥ Meeshaalee aadaa garaagaraa hawaasni Itta fayyadamu gargaaramuun ni dhyaata.

Uummanni oromoo aadaa sooressa afaan dagaage qaba. Jireenyi isaa maal akka fakkaatu kan ittiin calaqqisiisu geerarsa, weedduu, shubbisa fi dhiichisa aadaa gosa baay'ee ni qaba. Uummanni oromoo aadaa isaa isa boonsaa kanas haaluma kanaan mul'isaa akka ture seenaa irraa hubachuun ni danda'ama. Sirboota eddattoo armaan olitti tokko tokkoon fudhachuun walaloo, yeedaloo, meeshaa ittiin qindaa'ee dhiyaatu, uffannaa, yeroo sirboonni dhiyaatan, bakkaa fi akkaataa tapha mataa isaa ni qaba.

Faaruu yeroo birraa

Ishoo ishoo yaa birraa Birraan nuu barite (2)

Faarsitoota jalaa qabdoota

1. Asheenni asheetee.....Ishoo
Dhibeen fagattee.....Ishoo
Abaaboon dhootee Ishoo
Dachee lafaa guutte.....Ishoo
Ceesisa
2. Beellis dheensitee Ishoo
Raafuu nuu geessee.....Ishoo
Midhaan bilchaatee.....Ishoo
Kunoo asheetee.....Ishoo
Ceesisa
3. Agadaan bilchaate.....Ishoo
Daa'imman quuftee.....Ishoo
Birraan bariitee.....Ishoo
Nama gammachiiftee.....Ishoo

Misoomaaf ittiin of dammaqsuu fi haamilee hojii ittiin cimsachuuf

Geerarsa aadaatiin

1. Akkamiin horu horii

Bajjii buqqisan malee

Hojii hojjetan malee

Deega balleessan malee

Beela balleessan malee (2)

Ishoo

2. Deega koo isa farrisaa

Turi ammaan si fannisaa

Muka arbaa daraaretti

Dhala abbaan abaaretti (2)

Ishoo

3. Deega koo isa farrisaa

Kan kee maalan callisaa

Tattaafachuudha malee

Obbaafachuudha malee (2)

Ishoo

4. Kan kee maal jedhu deegaa

Dhaqeen lafatti odeessaa

Qotiyyoo cimdii godheen

Ofirraa si balleessaa (2)

// =//

Faaruu kabaja hojii calaqqisiisaan

Hojii yaa hundee guddinaa

Kan si beekuuf fayyinaa
Kan sin beekneef rakkina (2)

Ceesisa Beekumsi bu’uura keeti

Kan nama namoomsitu

Kan biyya qaroomsitu (2)
Ceesisa

Hojii bu’uura nyaataa

Addunyaan siin jiraataa

Kanaafii sin abdataa 2

Ceesisa

Hojii utubaa jireenyaa

Ilmaan namaa siin teenyaa

Hundee jireenya keenyaa (2)
//=//

Shaakala

Walaloo armaan olii yeedaloo qopheessitanii irratti shaakaltanii booda barattoota daree keessaniif wal duraa duubaan dhiyeessaa.

Karaa Muuziqaaatiin namoota beekaman

Namoota dandeettii beekumsa barnoota aartii gochaa fi agaree biyya keessaatii dinqisiifataman keessaa muraasni kan akka Onesmooos nasiib (Abbaa gammachiis) fi Looret Aartisti Dr Kabajaa Alii Birraa fa’aa akka fakkeenyaatti dinqisiifachuu ni dandeenya. Isaanis ogummaa garaa garaa keessatti dinqisiifatamu. Akkaataa armaan gadiittii seenaa fi ogummaa isaanii irratti hundaa’uun bal’inaan akkaataa armaan gadiitti dhiyaataniiru.

A. Onesmooos Nasib (Abbaa gammachiis)


Beektotaa fi seenaa afaanii fi aadaa faaruu yeroo duraatiif afaan oromootiin kan bu’uureessan keessaa onesmoos nasiib (abbaa Gammachiis) isa tokko dha. Onesmoos Nasiib erga ofii isaatii barateen booda ogummaa muuziqaa bu’uura kan ta’an yeroo jalqabaaf kan hojjete dhaloota har’aaf dabarsee bu’uuresse keessaa kan armaan gadiin hubatamanyoo ta’u isaanis:-

Bara 1986 A.L.A kan maxxanfame yoo ta’u kitaabni kunis kitaaba afaan ingiliffaatiin “praise be to god” the lord of the multitiudes” kan jedhu gara afaan oromooti “Galata waaqayyoo guddaa” jechuudhaan hiikeera. Kitaabni kunis faarulee waaqayyoo faarfatu dhibba ja’a (600) of keessatti kan qabu dha. Faaruleen faarfannaa waaqayyoo kunis yeroo duraaf afaan oromootiin barreeffamee dhiyaachuun isaa kuni isa jalqabaa fi seenaa muuziqaaa hawaasa oromoo keessattis qooda guddaa qaba. Guddina muuziqaa oromootiifis bu’uura dha.

Muuziqaan oromoo sadarkaa amma jiru irra kan geessise keessaa isa tokko dha jechuun ni danda'ama. Faarulee yeroo sana barreeffaman hanga har'aatti misiyoononni dhimma itti bahaa jiru.

Hojiin Onesmoos yeroo 2ffaattis kitaaba faaruu waaqayyoof ta'u afaan suwiiditiin barreeffame “onnee namaa” jechuudhaan gara afaan oromootti kan jijjiire yoo ta'u, kitaabni kunis faarulee dhibba tokkoo ol qaba. Faarulee kanas namootni amantii hanga har'aatti itti fayyadamaa jiru.

Onesmoos Nasiib (Abbaa Gammachiis) muuziqaa amantii duwwaa qopheessee hin hafne. Jireenya fi aadaa oromoo irratti hundaa'uudhaan, kuusaa jechoota oromoo, Hibboo, mammaaksa, tapha, sirboota adda addaa afaan oromootiin bareessuudhaan ogeessa beekamaa, jaalatamaa fi hangafa dha. Onesmoos nasiib (Abbaa Gammachiis) ogummaa muuziqaa fi kitaaba afaan oromootiin qopheessee hawaasa oromoo fi beektota biyya alaa biratti dinqisiifannaa akka argate seenaan ni ibsa. Ogeessichi guddaan oromoo kun bu'uura muuziqaa fi barreeffama hawaasa oromootiif kaa'ee dabre yoomiyyuu kan irraanfatu miti.



Fakkii 7:- Fakkii Oneesmos Nasib (Abbaa Gammachiis)

A. Dr Kabajaa Alii Birraa

Alii Birraa weellisaa, qindeessaa, walaleessaa fi sabboonaa Oromooti. Aliin Fulbaana 29, 1950A.L.A magaalaa Dirre Dhawaa naannoo Lagaharree jedhamutti dhalate.

Aliin Albamii isaa kan jalqabaa bara 1971 baase, kunis albamii sirba Afaan Oromoo kan jalqaba ture seenaa sirba Oromoo keessatti. Achii booda sirba jaallatamoo akka “Hin Yaadin”, “Asabalee”, “Ammalelee” fi “Gammachu” godhate. Albamiin isaa sirboota Afaan Sudaan kan akka “Al-Habiib Ween” fi sirba Hararii kan akka “Yidenqal” of keessaa qaba.

Sirboonni inni sirbus haalliifi yeroon kan hin jijjiirredha. Kana malees, sirboota isaa galma gurguddaa kan Finfinnee keessatti argaman kanneen akka “Haager Fiqiriifi Raastiyaatir” keessattiifi godinaalee Oromiyaa hedduu keessa naanna’uun sirboota isaa saba Oromoo fi deeggertoota isaaf dhiyeessaa ture. Yeroo kanatti abbaan isaa nama Ahmad Taaqii jedhamu kan afaaniifi seenaa saba Oromootiif quuqamu tokko waliin wal barsiise. Haa ta’u malee, yeroo Mootummaa Dargii fonqolchuuf lolli taasifamu loltoota mootummaa kanaatiin Ahmad Taaqii ajjeefame. Maqaan nama kanaa kan biroo “Hundee” jedhama ture. Aliinis maqaa isaatiin sirba “yaa hundee bareedaa yaa fiixee miidhagaa” jechuun sirbe.

Yaa


Hundee

Bareedaa

Yaa Fiixee

Miidhagaa

(Hundeen maqaa kan bira Ahimad Taaqii ture)



Fakkii 8:- Dr Alii Birraa

Dr. Alii Birraa sirboota kaasettiwwan 37 ol baasuun hawaasasaa qaqqabsiiseera. Qorannoon irratti hojjetamuun qabiyyeewwan sirboota kanaa waa'ee barnootaa, siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaa mara akka of keessatti haammatu ifa taasifameera. Afaanota 8 ol sirriitti dubbachuu danda'a. Sirboonni isaas guddina aadaafi aartii Oromootiif gumaacha guddaa taasisaniiru.

Keessumattuu 'Barnootaa 2x kana ta'uu qaba kaayyoon Oromootaa' kan jedhu eenyuma birattuu kan yaadatamuudha. Walumaagalatti aartistoonni Oromoo karaa yeedaloo sirba walaloo isaaniitiin waa'ee eenyummaafi Oromummaa, waa'ee misoomaafi biyyaa, waa'ee goototaafi kkf waan faarsaniif miira ittiin hawaasa sochoosan qabu.

Ushuruuruu

**Sirboota Dr. Kabajaa Alii Birraa keessaa muraasa
dinqisifataman akka armaan gadiitti haa ilaallu.**

Ushuruuruu yaa burtukaane hoo

Damma waalalaa

Been si fudheen galaa (2)

Ushuruuruu manni keenya lameen

Ushuruuruu Ollaa walii bira Ushuruuruu

Lameen wal jaalate Ushuruuruu

Mi'aawwachuu jira Ushuruuruu

Ushuruuruu yaa burtukaane hoo

Damma waalalaa Been si fudheen galaa (2)

Ceesisa

Ushuruuruu duratti hoo hin dhuuftaa

Ushuruuruu Torbanillee hin haftuu Ushuruuruu

Of nan wallaalchisiinii Ushuruuruu

Jaalalti kee hamtuu Ushuruuruu

Ushuruuruu yaa burtukaane hoo

Damma waalalaa Been si fudheen galaa (2)

Ceesisa

Ushuruuruu yaa burtukaane hoo

Damma waalalaa

Been si fudheen galaa (2)

Ushuruuruu halkan lama ta'aa

Guyyaan hin dheerannee Ushuruuruu

Dhukkuba jaalalaa Ushuruuruu

Waafuu itti hin baranii Ushuruuruu

Ushuruuruu yaa burtukaane hoo

Damma waalalaa Been si fudheen galaa (2)

Galma aadaa keenyaa

Eegaa seenaa keenyaa

Kallacha tokkummaa

Hundee bilisummaa

Afaan oromoo hundee oromummaa

Afaan oromoo hundee bilisummaa

Ceesisa

Gurratti mi'aawa yaa'an sagalee kee

Cirracha bishaani baay'inni jecha kee (2)

Kan rafe dammaqsaa weedduuf walaloon kee

Lakkaawamee hin dhumu hibboof mammaaksi kee (2)

Galma aadaa keenyaa

Hundeen seenaa keenyaa

Kallacha tokkummaa

Hundee bilisummaa

Ceesisa Kallacha tokkummaa

Hundee oromummaa

Afaan oromoo.....hundee oromummaa (2)

Gurratti mi'aawa yaa'an sagalee kee

Cirracha bishaani baay'inni jecha kee (2)

Mee nu marti itti haa yaadnuu

Ilmaan haa barsiifnuu

ittiin haa guddifnuu

Wal haa yaadachiifnuujechoota adda addaa

Ittiin haa barannuu siyaasaaf herreegaa (2)

Ceesisa

Galma aadaa keenyaa

eegaa seenaa keenyaa

Kallacha tokkummaa

Hundee bilisummaa

Afaan oromoo.....hundee oromummaa (2)

Gurratti mi'aawa yaa'an sagalee kee

Cirracha bishaani baay'inni jecha kee (2)

Wal haa yaadachiifnuujechoota adda addaa

Ittiin haa barannuu siyaasaaf herreegaa (2)

Mee ittii haa dubbannuu

Mee ittiin haa katabnu

Afaan keenya guddaa daranuu haa guddifnuu (2)

Mee nu marti itti haa yaadnu

Ilmaan haa barsiifnuu ittiin haa guddifnuu (2)

Karaa Ogummaa Fakkiin

Biyya Itoophiyaa keessatti namoota dandeettii beekumsa barnoota aartii gochaa fi agaree biyya keessaattii Ogummaa fakkiitiin dinqisiifataman keessaa muraasni kan akka **Nama baay'ee kabajamaa fi jaalatamaa Addunyaa Looret Meetir Aartiisti Afawarqii Takilee** fi **Looret Dr Aartiist Lammaa Guyyaa** kaasuu ni dandeenya Isaanis ogummaa garaa garaa keessatti dinqisiifatamu. Akkaataa armaan gadiittii seenaa fi ogummaa isaanii irratti hundaa'uun bal'inaan akkaataa armaan gadiitti dhiyaataniiru.

A. Nama baay'ee kabajamaa fi jaalatamaa Addunyaa Looret Meetir

Aartiisti Afawarqii Takilee

Itoophiyaa irratti “Waan badaa hin ilaaliin, waan badaa hin dhaggeeffatiin, waan badaa hin dubbatiin” kun jecha Aartiisti Looret Afawarqii Takilee isa duraa ti. Addunyaa kana irratti beekamtoonni ni jiru.

Isaan keessaa beekamaan jira. Innis jaarraa 21ffaa nama guddaa ykn Giffit maayindiis Taguna barreessaniiru. Baayoograafikaal inistiituutii Ameerikaa ogummaa hojii isaaniitiin kan hojjetan hojii ajaa'ibsiisaa dinqisiistota baay'ee ibsanii Waashingiteen DC itti adeemsifameen World Forum irrattis kaadhimamtoota 100 gidduu dhaa falatamanii jaarraa 21 abbaa sammuu guddaa jedhamee badhaafame. Ambaasaaddara Itoophiyaa argateera.



Fakkii 9:- Ogeessa kabajamaa kan addunyaa Looreet Meetir Aartiisti AfawarqiTakilee


Fakkii ogeessi kun ittiin beekame keessaa fakkiin armaan gadii isa tokko dha. Innis fakkii haadhaa Itoophiyaa ykn Harmee Itoophiyaa jechuun maqaa itti moggaase.



Fakkii 10:- Haadha Itoophiyaa bara 1959

Biyyi keenya namoota ogummaa aartii biqilchite keessaa akka ammayyaatti agaree hangafaa dha. Barumsa isaanii kan hordofan biyya ingilizii yoo ta’u, fedhiin isaanii inni dursaa injiinarii ta’uu ture. Fedhii isaanii boodas ilaalcha ogummaa halluu dibuun, bocaa fi dizaayinoota ijaarsa manaa, fakkii daawwitii hojjechuu qoratan. Barnoota isaanii erga xumuranii boodas badhaasota gurguddaa erga fudhatanii booda biyya isaanitti deebi’anii hojii fakkii isaanii eegalani.

Mana jireenyaa isaanii Alfaa Viillaa kan jedhamu keessatti keessummoota isaanii keessummeessu. Aartiistiin kun kan dhalate bara 1932 magaalaa Ankoobar jedhamutti. Biyya keenyaa keessatti barreessa hangafaa kan ta’an Bahaayiluu Girmaa haala teessuma lafa Iluubbaaboor miidhagina uumamaa lageewwan, gaarreewwan, fi **caakkaawwan** yeroo ibsan fakkiiwwan quboota Afawarqi Takileetiin hojjetaman ni fakkaatu ture kan jedhe.




Fakkii 11:- Mana jireenyaa isaanii Alfaa Viillaa Yeroo hojjetu.

Yeroo hundaa biyya Itoophiyaaf maal hojjette jettee na gaafatti jedhu. Hojii quba isaanii addunyaa irratti guyyaa Itoophiyaatti beekaman, Gaarreen kaabaa, Masqala ilillii fi fi kanneen biroo baay’ee hojii isaani kan agarsiisan dha.

”Badhaasni bu’aa hojiiti jedhu mitii” badhaasa biyya alaati argatan caalaa biyyaa keenyatti yeroo jalqabaatiif kan badhaafaaman Mootummaa H/Sillaasee harkaati. Afriikaa keessatti biyyootni Badhaasa kennaniif keessaa Gaanaa, Naayijeeriyaa, Gibxii, Senegaal, yoo ta’an badhaasni isaan amma ammaatti qaban 97 ol argataniiru.

Itoophiyaan Ogeessoota garaagaraa biyyaa isaanii maqaa waamsisan, alaabaa biyya isaanii olkaasanii kan agarsiisan gootota baay’ee qabdi. Kanneen keessaa kabajamaa fi jaalatamaa addunyaa kan ta’a Looreet Meetir Aartiist Afawarqii Takilee Biyyoota gurguddaa keessatti bulchitoota biyyaa, qorattootta seenaa, Saayintistoota, Barreessitoota, namoota ogummaa fakkii qaban filatamanii alaabaa biyya isaanii, maqaa fi seenaan jireenya isaanii barreeffamee gara ji’aatti yeroo ergamu seenaan aartiistii barreeffamee alaabaa Itoophiyaa waliin erga ji’a irraa deebi’ee booda hundi maqaa kabajaa akka argatani dha.



Fakkii 12: - Fakkii daawitii muuziyeemii keessa jiru

A. Looret Aartiist Dr. Lammaa Guyyaa


Lammaa Guyyaa (1928 - 2012) artistii Oromoo suura kaasun beekkamu yoo ta'u magaalaa Bishooftuu keessa mana hojii isaa kana itti agarsiisu kan 'Gaalarii Aartii Afrikaa' jedhamu qaba.

Lammaan, daa'imummaa isaatti ogummaa namoota naannawaa ilaalaa waan guddateef bocaa fi fakkiilee adda addaa mukaa fi supheerraa hojjachuu eegale. Namoonnis waan inni kalaqu kana ilaaluun baay'ee waan dinqisiifataniif, abbaa isaa mana barnootaa akka galchuu gorsan. Lammaanis, ogummaa naannawasaatti horate guddifachaa deemuun yeroo umriin isaa waggaa 17 ga'u carraa mana barnootaa seenuu argate.

Mana barnootaa keessatti cimina fakkii kaasuu fi barnootaaf qaburraa kan ka'e barattootaa fi barsiisotaan baay'ee dinqisiifatama ture. Haala kanaan, barnootasaa hanga kutaa 7 Bulchiinsa Magaalaa Bishooftuutti, Mana Barnootaa Bishooftuu sadarkaa 2ffaa yeroo sana 'Libne Dingil' jedhamutti baratee xumure. Yeroo sanatti kutaa 7 xumuruun akka sadarkaa olaanaatti waan ilaalamuuf ogummaa barsiisummaan akka leenji'uuf gara dhaabbata Leenjii Barsiisotaa Adaamaatti ergame.

Artisti Lammaan hojiisaa idilee Asmaraatti osoo hojjatuu ogummaa fakkii kaasuu artistoota biyya Xaaliyaanii irraa caalaatti barate. Sana booda, fakkiilee garagaraa kaasuun bara 1950 Asmaraatti daawwannaaf dhiyeesse. Sanarraa ka'uunis beekamaa dhufe. Haa ta'u malee, sirna yeroo sanaatiin dhiibbaan uummatarra ga'aa ture isa yaadnessaa ture. Kanarraa kan ka'e, hojii aartii isaatiin mormii isaa ibsa ture. Fakkeenyaaf, fakkii adurree aannan jigsitee, hantuuta ishee bira jirus dhiistee foon qooxiirraa buusuuf yaaltu kaasuun ibsate.

Qondaaltonni mootummaa yeroo sanaas hojii isaa balaaleffachuun yeroodhuma sana hojii mootummaa akka dhaabu taasisan. Garuu, Artisti Lammaan duubatti osoo hin deebi'in, hojii fakkii kaasuu kutannoon itti fufuun, jireenyasaa haala gaariin gaggeessuu jalqabe.



Fakkii 13:- Lammaa Guyyaa

Muuxannoo isaa gabbifachuun ogummaa fakkii kaasuu fi leenjisummaan akka hojjataa mootummaatti Humna Qilleensaa Itoophiyaa keessatti baroota dheeraaf tajaajilaa tureera. Hunda caalaa ammoo, aartii Oromoo gama fakkiitiin guddisuu keessatti gahee guddaa taphateera. Gummaacha inni guddina aartiif taasisu kun mataa isaa bira darbee uummatasaa, biyyasaa fi addunyaa irratt illee xiyyeeffannoo argachuun bu'aa guddaa buuseera.

Fakkiiwwan ciccimoo shanan Artiist Lammaa Guyyaaf jaalatamummaa fi beekamtii argamsiisan, filannoodhuma isaanitiin isiiniif dhiyeesineerra.

Adurree fi Aanga'oota Afrikaa



Fakkii 14:- Adurree fi Aanga'oota Afrikaa

Fakkiin kun erga kaafamee waggoota 42 kan lakkoofsise yoo ta'u, ergaan isaas anga'oonni Afriikaa (adurreewwaniin kan fakkeeffaman) qabeenya biyyasaanii malaammaltummaan wayita saaman, diinoonni aardittii (hantutoonni siree jalaa) qabeenya biyyaa mancaasaa jiraachuu agarsiisa.

Annan lafatti dhangala'u ammoo lageen faayidaa malee bara dheeraaf yaa'aa jiran bakka bu'a.


Harmee Oromiyaa

*Fakkii 15:- Harmee Oromiyaa*

Fakkiin kun moggaasa 'Harmee Oromiyaa' jedhu qaba.

Fakkichis wal-danda'uu amantaalee, Irreecha, qabeenya uumamaa fi jireenya uummata naannichaa agarsiisu. Shamarreen lafa tubbee irra dhaabbachuun ishee kadhannaa "yaa waaqayyo nu guddisi" jedhu waliin walqabata.

Shaashii adiin isheen marattees bilisummaa agarsiisa. Kuulli diimaan fiixee sabbata ishee bu'aa bahii Oromiyaan dabarsite agarsiisa.

Haadha Qabsoo*Fakkii 16:- Haadha Qabsoo*

Artistichi fakkiisaanii kanaan Odaan mallattoo eenyummaa uummata Oromoo ta'uusaa fi kabaja inni qabu agarsiisu.

Kana malees irreeffannaa, taphootaa fi gochawwan aadaa biroos ni mul'isa. Maanguddoon marga jiidhaa qabatanii fuulduratti mul'atan, Haati Qabsoo umurii waggaa 120'ti kan du'aanii fi magaalaa Bishooftuu keessa jiraachaa kan turanii dha.

Qonna



Fakkii 17:- Qonna

Artiist Lammaan fakkiin kun naannawwaa fi haala isaan itti guddatan kan mul'isu ta'uu dubbatu.

Akkasumas, qonni hundee jireenya baadiyyaa fi magaalaa ta'uusaa agarsiisuuf fakkii kana kan kaasan.

Haroo Bishooftuu



Fakkii 18:- Haroo Bishooftuu

Artiistichi muxxannoo wayita miseensa raayyaa humna qilleensaarra turan argatanitti fayyadamuun fakkii haroo Bishooftuu kana kaasan.

Artiistichi suuraan kaameeraan kaafamuu al tokkoon rogawwan harichaa mara bifa fakkii kanarratti mul'atu kanaan agarsiisuu hin danda'u jedhu.

Karaa Tiyaatiraan


Biyya Itoophiyaa keessatti namoota dandeettii beekumsa barnoota aartii gochaa fi agaree biyya keessaattii Ogummaa tiyaateraatiin dinqisiifataman keessaa muraasni kan akka **Aartiist Admaasuu Biraanuu** akka fakkeenyaatti kaasuu ni dandeenya. Isaanis ogummaa garaa garaa keessatti dinqisiifatamu. Akkaataa armaan gadiittii seenaa fi ogummaa isaanii irratti hundaa'uun bal'inaan akkaataa armaan gadiitti dhiyaataniiru.

A. Aartiist Admaasuu Biraanuu

Admaasuu Biraanuu (1956 - Gurraandhala 14, 2015) taatoo fi nama baacoo adda addaa taphatu yoo ta'u guddina aartii Oromoo keessatti gumaacha guddaa qaba. Artisti Admaasuun baayyinaan hojiisaa kan Afaan Oromootin haa beekkamu malee, hojiiwwan Amaariffaan hojjates ni qaba.

Admaasuun godina Wallagga Dhihaa Biilaa ganda Qumbii jedhamutti bara 1956tti dhalate. Yeroo ijoollummaa isaa magaalaa Asoosaatti galuun bakka Kumruk jedhamutti abbaasaa kan daldalaa ture biratti guddatee. Yeroo gabaabaaf magaalaa Jimmaa adaadaasaa bira jiraateera. Yeroo umuriinsaa 13 gara Finfinneetti godaane.

Admaasuun barnoota isaa adaadaasaa bira gara Jimmaa deemee achitti barate. Barnootasaa sadarkaa lammaffaa ammoo Finfinnee Addis Katamaatti hanga kutaa 7tti erga baratee booda hojii aartii itti fufuuf addaan kute. Boodarra guyyaa hojjachaa galgala barachuun barnoota sadarknaa lammaffaa xumure.



Fakkii 19:- Aartiisti Admaasuu Biraanuu

Admaasuun hojii aartii walakkeessa 1970 keessa mana tiyaatira bulchiinsa magaalaa Finfinnee keessatti akka weellisuuf qacame.

Boodarra tiraampeetii baratee sana taphachuudhaan, sagaleen weellisuudhaan, ragada aadaa Oromoo ragaduudhaan hojjataa ture. Kana malees sirbaa fi walaloo adda addaa ni barreessaa ture. Walleewwan jaalatamoo inni mana tiyaatira bulchiinsa magaalaa Finfinneetti weellise keessaa “*Yaa Turungoo*” fi “*Biqiltuu Ganamaa*” ti.

Admaasuu Biraanuu manneen tiyaatiraa biyyattii keessa jiran gurguddaa kan akka *Haagar Fiqir*, *Raas Tiyaatir*, fi *Beeraawwii* keessatti hojjateera.

Tiyaatiroota Amaariffaan hojjate gurguddaa keessaa *Abugidaa Qayiso*, *Tewoodroos*, *Simmanyi Sintayehu*, *Balchaa Abbaa Nabsoo*, *Ya Veenus Nagaaddee*, *Isaat Sinaddi*, *Mali'ikta Wozadar*, *Maqidim* fi *Ya Qossaluu Mishigooch* isaan muraasa.

Adaamsuun walaloo sirba barreessunis ni beekama. Namoota inni walaloo sirbaa kenneef keessa muraasni Saahilee Dagaagoo, Sayyoo Dandanaa, Daagim Makonnin, Hirphaa Gaanfuree, Asteer Abdii fi as dhihootti ammoo Haabtaamu Lamuu fa'aa dha.

Booda ammoo diraamaalee Oromoo adda addaa beekamoo ta'an keessumaa kan jalqaba 1990 mootaa keessa baay'ee jaalatamaa ture Qophii Dhangaa irratti achiimmoo diraamaalee baacoo akka qaanqee, diraamaa dhiyeenya agarsiisamaa ture kan dheebuu jedhu keessattis qooda guguddaa fudhachuudhaan daawwatoota biratti nama jaalatama guddaa qabu ture.

Admaasuu Birhaanuu abbaa ijoollee durbaa sadii fi dhiira lamaa walumaa gala abbaa ijoollee shanii ture. Biyyoon isatti haa salphatu!!!

Guduunfaa

Boqonnaa kana keessatti dandeettii beekumsa barnoota aartii gochaa fi agaree biyya keessaa garaagaraa qabiyyeewwan dinqisiifachuu barattanii jirtu. Adeemsi jirus daggeeffatanii hubachuu, ogeessota ogummaa garaagaraatiin muudaman hojii isaanii ilaaluun dinqisiifachuu dha.

Dursa beekumsi muuziqaa biyya keenya keessatti kan jalqabe yeroo Maahileti qulqulluu yaareediin gochaa tureen gi'iizii, izilii, fi araarayi yeedaloowwan akka ture dha. Namoota dandeettii beekumsa barnoota aartii gochaa fi agaree biyya keessaatti dinqisiifataman keessaa muraasni kan akka Onesmooos nasiib (Abbaa gammachiis), Looret Aartisti Dr Kabajaa Alii Birraa, Looret Dr Aartiist Lammaa Guyyaa, Nama baay'ee kabajamaa fi jaalatamaa Addunyaa Looret Meetir Aartiisti Afawarqii Takilee fi Aartiist Admaasuu Biraanuu fa'aa akka fakkeenyaatti dinqisiifachuu ni dandeenya. Isaanis ogummaa garaa garaa keessatti dinqisiifatamu.

Gilgaala boqonnaa 4

I. Gaaffilee armaan gadii sirrii yoo ta'e **dhugaa** sirrii yoo hin taane **soba** jechuun deebisi.

1. Muuziqaan biyya keenya aadaa hawwaasa irratti kan hundaa'edha.
2. Yeedaloon keenya yeedaloo yaaredaawwii ta'uun mallattoo qaroominaa miti.
3. Muuziqaan biyya keenya keessatti kan eegalee yeroo qulqulluun yaareed maayileet gochaa ture iraa jalqabe.
4. Ogeessi kabajamaaf jaalatamaan kuusaa jechoota oromoo kanneen akkaa hibboo, mammaaksa, tapha, sirboota adda addaa barreesse Abbaa Gammachiisidha.
5. Dr Kabajaa Alii birraa tiyaatera oromoo keessatti ga'ee guddaataphachaa ture.

II. Kanneen armaan gadiitti dhiyaataniif deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Kanneen armaan gadiitti dhiyaatan keessa kamtu artistii oromoo suura kaasuun beekama A, Alii Birraa B. Adimaasuu Biraanuu C. Lammaa Guyyaa
2. Nama beekamaa armaan ogummaa tiyaatera oromoo keessatti namni ga'e guddaa taphate eenyudha? A, Admaasuu Biraanuu B, Lammaa Guyyaa C, Alii Birraa
3. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu gochaafi agareewwaan ummata oromoo ibsaa A /Gocha waliinii hawwaasa kessatti kan hundaa'edha
B/ Sirba shubbisaan waalteffame dha.
C/ Meshaalee aadaa garagaraa hawwaasni itti fayyadamudha D/ Hunduu deebiidha
4. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu Taateewwan bara durii ibsaa? A/aadaa jarsummaa B/ taateewwan kalaqa taphaa C/ Dibbeen meeshalee bara duriiti D/ hunduu deebiidha.